Waggaa 21ffaa..... Lak. 6/2005
፳፩ኛ ዓመት....... ቁጥር ፮/፪ሺ፭
21st year ........... No. 6/2013

Finfinnee, Adoolessa 6/2005
ፊንፊኔ፣ ሐምሌ ፮ ቀን ፪ሺ፭
Finfine, July 13, 2013

# MAGALATA OROMIYAA
# L µ E p ‰ Z Më ¦
# MEGELETA OROMIA

| | | |
|---|---|---|
| Gatiin Tokko ........ Qar. 3.70<br>¦¿«è ”¶ ............ ፫ ብር ከ ፸ ሣንቲም<br>Unit Price ............... Birr 3.70 | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>I‰ZM¦ ብሔራዊ ŒGF” L¿·Rr<br>በጨፌ ኦሮሚያ °mf}r £'» | Lak. S. Poostaa ........ 21383-1000<br>£Þ.Q.e¼Y ...........<br>P.O.Box .................. |

**QABIYYEE**

**Labsii Lak. 180/2005**
Labsii Abbaa Taayitaa Misooma Jallisii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe ...................................... Fuula 1

**ማውጫ**

**አዋጅ ቁጥር ፩፻፹/፪ሺ፭ ዓ.ም**
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የመስኖ ልማት ባለሥልጣንን ለማቋቋም የወጣ አዋጅ ... ገጽ ፩

**CONTENT**

**Proclamation No. 180/2013**
A Proclamation to Establish Irrigation Development Authority of Oromia National Regional State ........................................................ Page 1

## Labsii Lak. 180/2005
## Labsii Abbaa Taayitaa Misooma Jallisii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe

Misooma jallisii Naannoo Oromiyaa babal'isuufi midhaan nyaataatiin of danda'uu, oomishaafi oomishtummaa guddisuudhaan meeshaa dheedhii gahaa ta'e warshaaf dhiyeessuuf, rooba yeroo eeggatee roobuufi addaan ciccitaa ta'e qofa irratti hundaa'uun gahaa ta'ee waan hin argamneef;

Hojiiwwan misooma jallisii qaama adda addaatiin hojjatamaafi hordofamaa turan bakka tokkotti walitti fiduudhaan dadhabiinsa hojii irratti gahaa tureefi qabeenya bakka adda addaatti bittinnaa'e jiru waltti fidanii qindeessuun ittifayyadamuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Qaama mootummaa kan mataa isaa danda'e dhaabuudhaan hojii misooma jallisii haala qabeenya uumamaa irratti miidhaa hin geessisneefi ittifufiinsa qabuun babal'isuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

## አዋጅ ቁጥር ፩፻፹/፪ሺ፭ ዓ.ም
## የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የመስኖ ልማት ባለሥልጣንን ለማቋቋም የወጣ አዋጅ

የክልሉን የመስኖ ልማት በማስፋፋት በምግብ ሰብል ራስን ለመቻል፣ ምርትና ምርታማነትን በማሳደግ በቂ ግብዓት ለፋብሪካ ለማቅረብ፣ ወቅቱን ጠብቆ የሚዘንብና ወጥነት የሌለው ዝናብ ላይ ብቻ ጥገኛ መሆን በቂ ሆኖ ባለመገኙቱ፣

በተለያዩ መንግሥታዊ አካላት ሲከናወኑ የነበረዉን የመስኖ ልማት ስራዎች ወደ አንድ ቦታ በማምጣት በስራ ላይ ሲደርስ የነበረውን ድክመት እና በተለያየ ቦታ ተበታትኖ የነበረውን ሀብት ወደ አንድ ቦታ በማምጣት አቀናጅቶ መጠቀም አስፈላጊ ሆኖ በመገኙቱ፣

ራሱን የቻለ መንግሥታዊ አካል በማቋቋም በተፈጥሮ ሀብት ላይ አሉታዊ ተፅዕኖ ሳያደርስ ቀጣይነት ያለው የመስኖ ልማትን ማስፋፋት አስፈላጊ ሆኖ በመገኙቱ፣

## Proclamation No. 180/2013
## A Proclamation to Establish Irrigation Development Authority of Oromia National Regional State

WHEREAS, it is found necessary to expand irrigation development to secure food self sufficiency and increase production and productivity to supply raw materials for industries without being dependent on erratic and uneven rainfall distribution;

WHEREAS, it is found necessary to bring together different irrigation development activities which were under taken and followed by different bodies, which weakened the development activity and bring together the scattered resource to one place and use it;

WHEREAS, it is found necessary to establish an independent governmental organ to expand irrigation development in a sustainable manner without affecting the environment;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lak. 46/1994 Keewwata 49 Keewwata Xiqqaa 3(a) tiin kan kanatti aanu labsameera.

## KUTAA TOKKO

### Tumaalee Waliigalaa

**1. Mataduree Gabaabaa**

Labsiin kun "Labsii Abbaa Taayitaa Misooma Jallisii Hundeessuuf Labsii Bahe Lak. 180/2005" jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

1) **"Bulchiinsa Iskiimii"** jechuun Iskiimoota Jallisii sadarkaa adda addaatti ijaarsi isaanii xumuraman akka eegaman gochuu, hordofuu, kunuunsuufi bulchuudhaan haala ittifufiinsa qabuun tajaajila bishaan jallisii akka kennamu taasisuu jechuudha.
2) **"Iskiimii Jallisii"** jechuun lafa qonnaa jallisii iddoo murtaa'etti argamuu fi bu'uuraawwan misooma jallisii ammayyaafi aadaa kan of keessatti qabatu jechuudha.
3) **"Ittifayyadamaa"** jechuun nama, waldaa dhuunfaa yookiin dhaabbata misooma jallisiitti fayyadamu jechuudha.
4) **"Jallisii Aadaa"** jechuun bishaan jallisii mala aadaatiin meeshaalee naannootti argamuun fayyadamuun oomisha qonnaa jallisii gaggeessuu jechuudha.
5) **"Jallisii Ammayyaa"** jechuun bu'uuraawwan jallisii haala ammayyaatiin ijaaramanii teekinoloojii ammayyaa irratti diriire fayyadamuun oomisha qonnaa jallisii gaggeessuu jechuudha.
6) **"Jallisii Bonee"** jechuun misooma qonna jallisii jiidhina lafa keessa jiruun fayyadamuun kan misoomu jechuudha.
7) **"Jallisii Maayikiroo"** jechuun jallisii lafa hektaara 2.5 gadi ta'e irratti gaggeeffamu jechuudha.
8) **"Jallisii Xixiqqaa"** jechuun jallisii lafa hektaara 2.5 hanga hektaara 200 ta'e irratti gaggeeffamu jechuudha.
9) **"Jallisii Giddugaleessa"** jechuun jallisii ammayyaa lafa bal'ina hektaara 200 olii hanga lafa hektaara 3000 kan ta'e jechuudha.

ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ሕገ መንግሥት አዋጅ ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፬ አንቀጽ ፵፱ ንዑስ አንቀጽ ፫(ሀ) መሠረት የሚከተለው ታውጇል፡፡

## ክፍል አንድ

### ጠቅላላ ድንጋጌ

**፩. አጭር ርዕስ**

ይህ አዋጅ "የመስኖ ልማት ባለስልጣን ማቋቋሚያ አዋጅ ቁጥር ፩፻፹/፪ሺ፭" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

**፪. ትርጓሜ**

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም ካልተሰጠው በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-

፩) "**የአዉታር አስተዳደር**" ማለት በተለያየ ደረጃ ግንባታቸው የተጠናቀቀ እና የመስኖ አዉታሮችን እንዲጠበቁ ማድረግ፣ መከታተል፣ መንከባከብና በማስተዳደር ቀጣይነት ያለው የመስኖ አገልግሎት እንዲሰጥ ማድረግ ማለት ነው፡፡
፪) "**የመስኖ አዉታር**" ማለት በተወሰነ ቦታ ላይ የሚገኝ የእርሻ መሬት እና ዘመናዊ እና ባህላዊ የመስኖ መሰረተ ልማት በውስጡ ያቀፈ ማለት ነው፡፡
፫) "**ተጠቃሚ**" ማለት በመስኖ ልማት የሚጠቀም ሰው፣ የግል ማህበር ወይም ድርጅት ማለት ነው፡፡
፬) "**ባህላዊ መስኖ**" ማለት የመስኖ ውሃን በባህላዊ ዘዴ በአካባቢ በሚገኝ ቁሳቁስ በመጠቀም የመስኖ ግብርና ልማትን ማከናወን ማለት ነው፡፡
፭) "**ዘመናዊ መስኖ**" ማለት ግንባታቸው በዘመናዊ መንገድ የተከናወነና ዘመናዊ የቴክኖሎጂ ግብአት የተዘረጋላቸው የመስኖ መሰረተ ልማትን በመጠቀም የሚከናወን የመስኖ ግብርና ልማት ማለት ነው፡፡
፮) "**እርጥበት አዘል መስኖ ልማት**" ማለት በአፈር ዉስጥ ተከማችቶ ያለውን እርጥበት በመጠቀም የሚለማ የመስኖ ግብርና ማለት ነው፡፡
፯) "**ጥቃቅን መስኖ ልማት**" ማለት ስፋታቸው 2.5 ሄክታር በላይ በታች በሆነ መሬት ላይ የሚከናወን የመስኖ ልማት ነው፡፡
፰) "**አነስተኛ የመስኖ ልማት**" ማለት ስፋታቸው 2.5 - 200 ሄክታር በሆነ መሬት ላይ የሚከናወን የመስኖ ልማት ነው፡፡
፱) "**መካከለኛ የመስኖ ልማት**" ማለት ስፋታቸው ከ200 ሄክታር በላይ እስከ 3000 ሄክታር በሆነ መሬት ላይ የሚከናወን ዘመናዊ የመስኖ ልማት ማለት ነው፡፡

NOW THERFORE, in accordance with Article 49 Sub-Article 3(a) of Proclamation No. 46/2001 of the Revised Constitution of the National Regional State of Oromia, it is hereby proclaimed as follows:

## PART ONE

### General Provisions

**1. Short Title**

This proclamation may be cited as "Irrigation Development Authority Establishment Proclamation No. 180/2013''.

**2. Definition**

Unless the context requires otherwise, in this proclamation:

1) **"Scheme Adminstration"** means to manage, follow up, care, and adminster different irrigation scale which their construction is completed to make them able to give sustainable irrigation supply.
2) **"Irrigation Scheme"** means an irrigation field having tradtional and modern irrigation infrastructure and-development found at a defined place.
3) **"Users"** any person, private association or organization or that uses irrigation developemnt scheme.
4) **"Tradtional Irrigation"** means developing irrigation farming using tradtional method, skill and local material.
5) **"Modern Irrigation"** means developing irrigation farming using irrigation infrastructures constructed in modern way having modern technology.
6) **"Jallisii Bonne/Moisture Irrigation/"** means developing irrigation farming using soil moisture.
7) **"Micro Irrigation"** means an irrigation undertaken on an area of less than 2.5 hectares.
8) **"Small Scale Irrigation"** means an irrigation undertaken on an area of 2.5 - 200 hectares.
9) **"Medium Scale Irrigation"** means an irrigation which undertaken on an area of above 200 to 3000 hectares.

10) **"Jallisii Gurguddaa"** jechuun jallisii ammayyaa lafa hektaara 3000 ol ta'e irratti gaggeeffamu jechuudha.

11) **"Misooma Jallisii"** jechuun bishaan lafa irraa yookiin bishaan lafa jalaa yookiin lachuun teekinoloojiiwwan adda addaa fayyadamuudhaan misooma qonnaa jallisiin misoomu babal'isuu jechuudha.

12) **"Qonna Jallisii"** jechuun bishaan jallisii fayyadamuudhaan misooma qonnaa gaggeeffamu jechuudha.

13) **"Qoorsa lafaa"** jechuun bishaan biqiltuun barbaaduun ol ta'e ooyiruu keessaa baasuu jechuudha.

14) **"Teekinoloojii"** jechuun bu'uuraalee fi galteewwan misooma jallisii babal'isuu danda'an hunda jechuudha.

**3. Ibsa Koorniyaa**

Labsii kana keessatti koorniyaa dhiiraatiin kan ibsame dubartiis ni dabalata.

**4. Hundeeffamaa fi Itti Waamama**

1) Abbaan Taayitaa Misooma Jallisii Mootummaa Naannoo Oromiyaa kanaan booda "Abbaa Taayitaa" jedhamee kan waamamu Labsii kanaan hundeeffamee jira.
2) Itti waamamni Abbaa Taayitichaa Pireezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif ta'a.

**5. Kaayyoo**

Guddinni hawaasummaafi dinagdee qotee bulaa fi horsiisee bulaa akka ariifatu, hanqinni midhaan nyaataa akka salphatuu fi haala ittifufiinsa qabuun ummanni naannichaa midhaan nyaataatiin akka of danda'u taasisuuf misooma jallisiitiin deeggaruuf.

**6. Teessoo Abbaa Taayitichaa**

Teessoon waajjira olaanaa Abbaa Taayitichaa Finfinnee ta'ee akka barbaachisummaa isaatti sadarkaa Godina, Aanaafi Ganda keessatti waajjira banachuu ni danda'a.

**KUTAA LAMA**

**Gurmaa'ina, Aangoofi Hojii Abbaa Taayitichaa**

**7. Gurmaa'ina Abbaa Taayitichaa**

Abbaan Taayitichaa gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata:

1) Hojii Gaggeessaa Ol'aanaa;
2) Itti Aanaa Hojii Gaggeessaa Ol'aanaafi
3) Hojjattoota barbaachisaa ta'an ni qabaata.

፲) "**ትላልቅ የመስኖ ልማት**" ማለት ስፋታቸው ከ3000 ሄክታር በላይ በሆነ መሬት የሚከናወን ዘመናዊ የመስኖ ልማት ማለት ነው፡፡

፲፩) "**የመስኖ ልማት**" ማለት በገጽ ምድር ወይም ከርሰ ምድር የሚገኝ ውሃ ወይም በሁለቱም የተለያዩ ቴክኖሎጂን በመጠቀም በመስኖ የሚለማ የግብርና ልማትን ማስፋፋት ማለት ነው፡፡

፲፪) "**የመስኖ ግብርና**" ማለት የመስኖ ውሃን በመጠቀም የሚከናወን የግብርና ልማት ማለት ነው፡፡

፲፫) "**ማንጣፈፍ**" ማለት ሰብል ከሚፈልገው በላይ የሆነውን ውሃ ከእርሻ ውስጥ ማውጣት ማለት ነው፡፡

፲፬) "**ቴክኖሎጂ**" ማለት የመስኖ ልማትን ለማስፋፋት የሚያስችሉ መሠረተ ልማቶችና ግብዓቶች ሁሉ ማለት ነው፡፡

**፫. የፆታ መግለጫ**

በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀው ሴትንም ይጨምራል፡፡

**፬. ስለማቋቋም እና ስለተጠሪነት**

፩) የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የመስኖ ልማት ባለስልጣን ከዚህ በኋላ "ባለሥልጣን" ተብሎ የሚጠራ በዚህ አዋጅ ተቋቁሟል፡፡
፪) የባለስልጣኑ ተጠሪነት ለኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት ይሆናል፡፡

**፭. ዓላማ**

የክልሉ አርሶ አደር እና አርብቶ አደር ማህበራዊ እና ኢኮኖሚያዊ እድገት እንዲፋጠን፣ የምግብ ሰብል እጥረት እንዲቀንስ እና የክልሉ ህዝብ ቀጣይነት ባለው ሁኔታ የምግብ ሰብል ራሱን እንዲችል በመስኖ ልማት መደገፍ፡፡

**፮. የባለሥልጣኑ መቀመጫ**

የባለሥልጣኑ የዋና መሥሪያ ቤት መቀመጫ ፊንፊኔ ሆኖ እንደአስፈላጊነቱ በዞን፣ በወረዳና በቀበሌ ጽ/ቤት ሊከፍት ይችላል፡፡

**ክፍል ሁለት**

**የባለስልጣኑ አወቃቀር፣ ሥልጣንና ተግባራት**

**፯. የባለሥልጣኑ አወቃቀር**

ባለሥልጣኑ ከዚህ የሚከተለው መዋቅር ይኖረዋል፡፡

፩) ዋና ሥራ አስኪያጅ፣
፪) ምክትል ዋና ሥራ አስኪያጅና
፫) አስፈላጊ የሆኑ ሠራተኞች ይኖሩታል፡፡

10) **"Large Scale Irrigation"** means an irrigation undertaken on an area of more than 3000 hectares.

11) **"Irrigation Development"** means to develop an irrigation farming using different technologies with ground or surface water or both.

12) **"Irrigation Farming"** means farming conducted using irrigation water.

13) **"Drainage"** means to drain excess water from farm land which is more than the need of the crop.

14) **"Technology"** means all the infrastructures and inputs required for the development of irrigation.

**3. Gender Reference**

Provisions of this Proclamation set out in a masculine gender shall also apply to the feminine gender.

**4. Establishment and Accountability**

1) Oromia Irrigation Development Authority, here after referred as "The Authority'' is hereby established by this Proclamation.
2) The Authority shall be accountable to the President of the National Regional State of Oromia.

**5. Objective**

Support by irrigation development, to hasten socio economic growth of the farmers and pastoralist community of the region, to alleviate shortage of food crops and for the people of the region to attain food self-sufficiency in sustainable manner.

**6. Office of The Authority**

The head office of the Authority shall be in Finfinne and may have offices at Zone, District and Keble level as necessary.

**PART TWO**

**Organization, Powers and Duties of the Authority**

**7. Organization of The Authority**

The Authority shall have:

1) General Manager,
2) Deputy General Manager and
3) Required staffs;

**8. Aangoofi Gahee Hojii Abbaa Taayitichaa**

Abbaan Taayitichaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Imaammata, tarsiimoowwaniifi sagantaalee misooma jallisii ilaallatan qopheessuudhaan mootummaaf ni dhiyeessa; yoo eeyyamame hojii irra ni oolcha.
2) Qorannoo, dizaayinii, ijaarsaa fi bulchiinsa iskiimoota jallisii aadaa, jallisii maayikiroo, jallisii xixiqqaa, jallisii giddugaleessaafi jallisii gurguddaa ni raawwata; ni raawwachiisa.
3) Jallisii giddu galeessaafi gurguddaa ijaarsi isaanii xumurame hanga itti fayyadamtoonni of danda'anii bulchanitti guutummaa guutuutti ni bulcha; ni hordofa; hojii teekiniikaa ni raawwata; suphaa humna fayyadamtoota jallisii ol ta'e ni raawwata; ni raawwachiisa; yeroo ittifayyadamtoonni of danda'an dabarsee ni kenna.
4) Bu'a qabeessummaa iskiimoota jallisii guddisuuf fayyadamtoonni hubannoo baasii, kunuunsa, bulchiinsaafi suphaa qabaatanii qarshii akka qusatan ni gorsa; ni hordofa; akkasumas deeggarsa barbaachisaa ni kenna.
5) Qabeenya bishaanii naannicha keessatti argaman haala ittifufiinsa qabuun misooma jallisiitiif akka ooluu danda'an qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uudhaan kunuunsa isaanii irratti ni hojjata.
6) Hojii qoorsa lafa naannicha keessatti iddoo barbaachisaa ta'etti ni hojjata.
7) Hojii bishaan cimmisuu misooma jallisiif oolu irratti ni hojjata.
8) Qaama dhimmi ilaalu waliin qindaa'uudhaan rakkoolee naannoo misooma jallisiifi qoorsa lafaa, akkasumas teekinoloojii jallisii irratti qo'annoo ni gaggeessa; ni qindeessa; bu'aa qo'annoo fi teekinoloojiiwwan fooyya'an naannicha keessatti ni babal'isa; iddoo hojjatanii itti agarsiisan ni qopheessa.
9) Jallisii maayikiroofi jallisii bonee ummataan akka hojjataman abbummaadhaan ni hordofa; ni deeggara; ni jajjabeessa.
10) Qaamota guddinaafi ittifufiinsa misooma jallisiif bu'aa buusuu danda'an waliin ni hojjata.

**፰. የባለሥልጣኑ ሥልጣንና ተግባር**

ባለሥልጣኑ የሚከተሉት ሥልጣን እና ተግባራት ይኖሩታል።

፩) የመስኖ ልማትን የሚመለከቱ ፖሊሲዎች፣ እስትራቴጂዎችና ፕሮግራሞችን በማዘጋጀት ለመንግሥት ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ ያውላል።
፪) የባህላዊ፣ የጥቃቅን፣ የአነስተኛ፣ የመካከለኛና የትላልቅ መስኖዎች የመስኖ አውታር ጥናት፣ ዲዛይን፣ ግንባታና አስተዳደር ሥራን ያከናውናል፤ እንዲከናወን ያደርጋል።
፫) ግንባታቸው የተጠናቀቀ መካከለኛና ትላልቅ የመስኖ አዉታሮችን ተጠቃሚዎች ራሳቸው ማስተዳድር እስከሚችሉ ድረስ ሙሉ በሙሉ ያስተዳድራል፤ ይከታተላል፣ የቴክኒክ ሥራ ይሰራል፤ ከተጠቃሚዎች አቅም በላይ የሆነ ጥገናን ያከናውናል፤ እንዲከናወን ያደርጋል፤ ተጠቃሚዎች ራሳቸውን ሲችሉ ወደነርሱ ያስተላልፋል።
፬) የመስኖ አውታሩን ጠቀሜታ ለማሳደግ ተጠቃሚዎች ስለ ወጪ፣ እንክብካቤ፣ አስተዳደርና ጥገና ግንዛቤ ኖሯቸው ገንዘብ እንዲቆጥቡ ይመክራል፤ ይከታተላል፤ አስፈላጊውንም ድጋፍ ያደርጋል።
፭) በክልሉ ውስጥ የሚገኘውን የውሀ ሀብት ቀጣይነት ላለው የመሥኖ ልማት ሊውል እንዲችል ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን እንክብካቤ ያደርጋል።
፮) በክልሉ ውስጥ የመሬት ማንጣፈፍ ሥራ በሚያስፈልግበት ቦታ ላይ ይሰራል ።
፯) ለመስኖ ልማት የሚውል የውሀ ማቆር ሥራ ይሰራል።
፰) ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን በክልሉ የመስኖ ልማትና በውሀ ማንጣፈፍ እንደዚሁም በመስኖ ቴክኖሎጂ ላይ ያሉ ችግሮችን ጥናት ያካሄዳል፤ ያስተባብራል፤ የጥናትና የተሻሻሉ የቴክኖሎጂ ውጤቶችን በክልሉ ውስጥ ያስፋፋል፤ የሰርቶ ማሳያ ቦታዎችን ያዘጋጃል።
፱) የጥቃቅን መስኖና እርጥበት አዘል መስኖ ልማት በህብረተሰቡ እንዲሰራ በባለቤትነት ይከታተላል፤ ያግዛል፤ ያበረታታል ።
፲) ለመስኖ ልማት እድገትና ቀጣይነት ሥራ አስተዋፅዖ ካላቸው አካላት ጋር በጋራ ይሰራል።

**8. Powers and Duties of the Authority**

The Authority shall have the following powers and duties:

1) Prepares and submit policies, strategies and programs related to irrigation to the government and implement the same upon approval.
2) Undertake and cause the undertaking of the study, design, construction and scheme management of traditional, micro, small, medium and large scale irrigation.
3) Fully administer, follow up, execute technical work of those medium and large scale irrigations whose construction is completed up until the users are self sufficient to administer; conduct maintenance work and cause to conducted where it is found to be beyond the capacity of the users, and turn the administration over to them when they are self sufficient.
4) Undertake awareness creation advice and follow up on fee collection and saving to increase the effectiveness and efficiency of irrigation scheme.
5) Conserve the water resource in the region for sustainable irrigation development in collaboration with the concerned bodies.
6) Undertake drainage work where it is necessary in the region.
7) Undertake water harvesting for irrigation development.
8) Undertake a study with the concerned body on problems related with areas of irrigarion development, drainage, also on irrigation technology; coordinate; dessiminate research findings and improved technology; prepare demonstration plots.
9) Taking the responsibility of following up, supporting, strengthening micro and moisture irrigation to be undertaken by community.
10) Collaborate with stakeholders who contribute to the sustainability and growth of irrigation development.

11) Fandii arjoomtota irraa misooma jallisiitiif gargaarsaan yookiin liqiidhaan argamu akka dhimma barbaadamaniif oolan ni hordofa; ni bulcha; raawwii isaatis qaama ilaallatuuf ni gabaasa.
12) Jallisiiwwan xixiqqaa ijaarsi isaanii xumurame ittifayyadamtootatti dabarsee kennuudhaan, deeggarsa teekiniikaa ni kenna; ni hordofa; suphaa humna fayyadamtoota jallisii ol ta'e ni raawwata; ni raawwachiisa.
13) Baasii ijaarsa piroojeektii jallisiif bahe ittifayyadamtootaan akka bakka bu'u ni taasisa; Mootummaa eeyyamsiisee piroojeektii jallisii birootiif ni oolcha; kaffaltii tajaajila adda addaafi suphaa ni sassaaba; deebisee hojiirra ni oolcha.
14) Teekinoloojiwwan misooma qonnaa jallisii saffisiisuu danda'an ni filata; teekinoloojiiwwan dhiyaatan irratti qulqullina isaanii ilaalchisee qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata.
15) Hojii ekisteenshiniifi tajaajila gorsa qonna misooma jallisii ni babal'isa.
16) Hojiilee muuxannoo gaarii misooma jallisii sadarkaa hundatti raawwataman addaan baasuudhaan galmeessuu fi babal'isuu irratti ni hojjata.
17) Hirmaannaa ummataa misooma jallisii irratti jiru ni jajjabeessa.
18) Waldaalee ittifayyadamtoota bishaan jallisii ni gurmeessa; ni leenjisa; seera ittiin bulmaataa akka qopheeffatan ni gargaara; ni hordofa; akkaasumas qaama seerummaa akka argatan qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata.
19) Dubartoonniifi dargaggoonni hojii misooma jallisii keessatti qooda fudhattootaafi fayyadamtoota akka ta'an ni hojjata; haala ni mijeessa.
20) Qaamota misooma jallisii irratti bobba'aniif hordoffiifi deeggarsa ogummaa barbaachisu ni kenna.
21) Uwwisa misooma jallisiifi qoorsa lafaa guddisuudhaaf akka danda'amu maddi baajataa karaa ittiin argamuu danda'u tooftaa adda addaa fayyadamuudhaan ni barbaada.
22) Miidhaa piroojeektoonni jallisii naannoo irratti fayyaa namaa dabalatee fiduu danda'an xiqqeessuudhaaf qaama dhimmi ilaalu wajjiin ni hojjata.

፲፩) ለመስኖ ልማት የሚውል በእርዳታ ወይም በብድር የሚገኝ ፈንድ ለታሰበለት አላማ መዋሉን ይከታተላል፤ ያስተዳድራል፤ አፈፃፀሙንም ለሚመለከተው አካል ሪፖርት ያደርጋል።
፲፪) ግንባታቸው የተጠናቀቁ አነስተኛ መስኖዎችን ለተጠቃሚዎች በማስተላለፍ የቴክኒክ እገዛ ይሰጣል፣ ይከታተላል፣ ከተጠቃሚዎች አቅም በላይ የሆነ ጥገናን ያከናውናል፣ እንዲከናወን ያደርጋል።
፲፫) ለፕሮጀክቶች ግንባታ የወጣን ወጪ በተጠቃሚዎች እንዲተካ ያደርጋል፣ መንግስትን በማስፈቀድ ለሌሎች የመሥኖ ፕሮጀክት ግንባታ ያውላል፣ የተለያዩ የአገልግሎት እና የጥገና ክፍያዎችን ይሰበስባል፣ መልሶም ሥራ ላይ ያውላል።
፲፬) የመስኖ ግብርና ልማትን ሊያፋጥኑ የሚችሉ ቴክኖሎጂዎችን ይመርጣል፤ በቀረቡት ቴክኖሎጂዎች ጥራት ላይ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል።
፲፭) የግብርና ኤክስቴንሽን ዘዴን እና የመስኖ ግብርና ልማት የምክር አገልግሎትን ያስፋፋል።
፲፮) በሁሉም ደረጃ የተከናወኑ መልካም የመስኖ ልማት ተሞክሮዎችን በመለየት የመቀመርና የማስፋፋት ስራ ይሰራል።
፲፯) በመስኖ ልማት ላይ ያለውን የህብረተሰብ ተሳትፎ ያበረታታል።
፲፰) የውሃ ተጠቃሚዎች ማህበራትን ያደራጃል፣ ያሰለጥናል፣ የመተዳደሪያ ደንብ እንዲያዘጋጁ እገዛ ያደርጋል፣ ይከታተላል፣ በተጨማሪም ሕጋዊ ሰውነት እንዲያገኙ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል።
፲፱) ሴቶች እና ወጣቶች በመስኖ ልማት ውስጥ ተሳታፊ እና ተጠቃሚ እንዲሆኑ ይሰራል፣ ሁኔታዎችን ያመቻቻል።
፳) በመስኖ ልማት ላይ ለተሰማሩ አካላት አስፈላጊውን ክትትል እና የሙያ ድጋፍ ይሰጣል።
፳፩) የመስኖ ልማት እና የመሬት ማንጣፈፍ ሽፋን ለማሳደግ እንዲቻል የተለያየ ዘዴ በመጠቀም የበጀት ምንጭ የሚገኝበትን መንገድ ያፈላልጋል።
፳፪) የመስኖ ፕሮጀክቶች በአከባቢና በሰው ላይ ሊያደርሱ የሚችሉትን ጉዳት ለመቀነስ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል።

11) Follow up, administer, irrigation development funds obtained from different funding agencies as grant or loan is utilized for the intended purpose and report its implimentation to concerned the bodies.
12) Shall handover completed small scale irrigation projects to the users, provide technical support, follow up, conduct maintenance, cause to be conducted where it is found beyond the capacity of the users.
13) Collect irrigation construction investment cost from the users; where it is allowed by the government invest it back on irrigation projects; collect different service and maintainance fees and utialize it back.
14) Select technologies that enables to speed up farming, work with the concerned bodies on the quality of the selected technologies.
15) Expand irrigation extension and irrigation development farming advisory service.
16) Identify, record and scale up best practice of irrigation development from all levels and disseminate.
17) Strengthen community participation on irrigation development.
18) Organize water user associations, train, assist and follow up in the the preparation of thier by laws also work with the concerned bodies for them to get legal personality.
19) Work and facilitate conditions for women and youth to be participants and users of irrigation development;
20) Gives necessary technical support and supervise those organs working on irrigation development.
21) Look for fund through different methods for irrigation and drainage coverage increment.
22) Work with the concerned bodies to minimize the negative impact that irrigation development may cause on the environment and human being.

23) Hojii misooma jallisiifi qoorsa lafaa sadarkaa kamuu irratti hojjataman bu'aafi rakkoo isaa ni xiinxala.
24) Galteewwan gosa adda addaa oomishaafi oomishtummaa qonnaa misooma jallisii guddisuuf gargaaran akka dhiyaatu qaama dhimmi ilaalu wajjiin ni hojjata.
25) Ittifayyadamtoonni misooma jallisii liqii akka argatan qaama dhimmi ilaalu wajjiin ta'uudhaan haala ni mijeessa; ni hordofa.
26) Weeratootaafi ilbisoonni adda addaa farra biqiltuu fi oomisha qonnaa jallisii kan ta'an oomisha irratti miidhaa akka hin geessifne qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata.
27) Kunuunsaafi misooma sululaa naannoo misooma jallisii wajjiin walqabatu qajeelfama misooma sululaa naannichaa irratti hundaa'uudhaan qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uudhaan ni hojjata.
28) Seera dhimma misooma jallisii ilaalchisee bahu naannicha keessatti hojii irra ni oolcha.
29) Jallisii xixiqqaa faayidaa ummataaf oolu ilaalchisee misooma jallisii eeyyama bishaanii osoo hin barbaachisin hojiirra ni oolcha.
30) Qonnaan bulaafi horsiisee bulaa jallisii irratti hojjatan oomisha sadarkaa gabaan barbaaduun akka oomishan haala ni mijeessa; oomisha isaaniitiif haala gabaa itti argatan qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uudhaan ni hojjata.
31) Seera irratti hundaa'uudhaan namoota sababa ijaarsa misooma jallisiitiin qabeenya isaanii irratti miidhaan gaheef beenyaan akka kaffalamuuf qaama ilaalu waliin ni hojjata.
32) Dandeettii raawwachiisummaa ogeessota misooma jallisiifi ittifayyadamtoota jallisii guddisuuf leenjiiwwan adda addaafi meeshalee humna namaatiif barbaachisu ni guuta; haala ni mijeessa; ni kenna; bu'aa isaas ni hordofa.
33) Qabeenya ni horata; waliigaltee ni seena; ni himata; ni himatama.

## 9. Aangoofi Gahee Hojii Gaggeessaa Ol'aanaa

Hojii Gaggeessaa Ol'anaan aangoofi hojiiwwan armaan gadii ni qabaata.

1) Aangoofi hojii Abbaa Taayitaatiif kenname hojii irra ni oolcha;

፳፫) በየትኛውም ደረጃ የሚሰሩ የመስኖ ልማት እና የመሬት ማንጣፈፍ ስራዎችን ውጤት እና ችግር ይገመግማል፣
፳፬) የመስኖ ግብርና ልማት ምርትና ምርታማነት ለማሳደግ የሚያግዙ ግብዓቶች እንዲቀርብ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፡፡
፳፭) የመስኖ ልማት ተጠቃሚዎች ብድር ማግኘት እንዲችሉ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ሁኔታዎችን ያመቻቻል፣ ይከታተላል፡፡
፳፮) የመስኖ ግብርና ሰብል ምርት ፀር የሆኑ ወረርሽኞች በምርት ላይ ጉዳት እንዳያደርሱ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፡፡
፳፯) በክልሉ የተፋሰስ ልማት መመሪያ ላይ በመመስረት በመስኖ ልማት አካባቢ ጋር የተያያዘ የተፋሰስ እንክብካቤና ልማት ስራ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ይሰራል፡፡
፳፰) የመስኖ ልማትን አስመልክቶ የሚወጣ ህግን በክልሉ ውስጥ ስራ ላይ ያውላል፡፡
፳፱) ለህብረተሰቡ ጥቅም የሚውሉ አነስተኛ የመስኖ ልማቶችን አስመልክቶ የውሃ ፍቃድ ሳያስፈልግ ለመስኖ ስራ ያውላል፡፡
፴) በመስኖ ስራ ላይ የተሰማሩ አርሶ አደሮች እና አርብቶ አደሮች ገበያው በሚፈልገው ደረጃ ምርት እንዲያመርቱ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፣ ለምርታቸውም ገበያ የሚያገኙበትን ሁኔታ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፡፡
፴፩) በመስኖ ልማት ግንባታ ምክንያት በንብረታቸው ላይ ጉዳት ለደረሰባቸው ሰዎች በህጉ መሰረት ካሳ እንዲከፈላቸው ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፡፡
፴፪) የመስኖ ልማት ባለሙያዎች እና ተጠቃሚዎችን የማስፈፀም አቅም ለማሳደግ ልዩ ልዩ ስልጠናዎች ይሰጣል፣ ለሰው ሀይል አስፈላጊ የሆኑ መሳሪያዎችን ያሟላል፣ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ውጤቱንም ይከታተላል፡፡
፴፫) ንብረት ያፈራል፣ ውል ይዋዋላል፤ ይከሳል፣ ይከሰሳል፡፡

## ፱. የዋና ሥራ አስኪያጅ ስልጣንና ተግባር

ዋና ስራ አስኪያጅ ከዚህ በታች የተዘረዘሩትን ሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል፡፡

፩) ለባለስልጣኑ የተሰጠውን ስልጣንና ተግባር ስራ ላይ ያውላል፡፡

23) Evaluate, the outcome and problems of irrigation development and drainage works undertaken at any level.
24) Works with the concerned bodies to supply different irrigation farming development inputs that assists in increasing production and productivity.
25) Facilitate conditions with the concerned body for irrigation development users to get credit service; and follow up.
26) Works with concerned bodies to control migratory and regular pests which can affect irrigation crop product.
27) Works with concerned body on conservation and watershade development related with irrigation development areas based on the regional watershade development guideline.
28) Impliment irrigation development related laws in the region.
29) Use water without permission for small scale irrigation development for the benefit of the community.
30) Facilitate conditions for farmers and pastoralists to produce market oriented products and work with the concerned body for them to get market for their products.
31) Work with the concerned body to cause payment of compensation to those affected by construction of irrigation development in accordance with the law.
32) Give capacity building training to upgrade the execution capacity of experts and users of irrigation development; provide the required material for the employees; facilitate conditions and follow up its outcome.
33) Own property, enter into contract, sue and be sued.

## 9. Power and Duties of the General Manager

The General Manager shall have the following powers and duties;

1) The General Manager executes the power and duties given to the Authority;

2) Hojiiwwan Abbaa Taayitaa ni karoorsa; ni qindeessa; ni qajeelcha; ni bulcha; ni to'ata;
3) Seera Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa irratti hundaa'uun hojjetaa ni qaxara; ni bulcha; hojii irraa ni gaggeessa;
4) Qaama sadaffaa waliin walqunnamtii godhamu hunda irratti bakka bu'aa Abbaa Taayitichaa ni ta'a;
5) Karoora hojiifi baajataa qopheessee Mootummaadhaaf ni dhiyeessa; yoo eeyyamame hojii irra ni oolcha;
6) Baajata Abbaa Taayitichaa ni bulcha; herrega Baankii ni bana; ni sochoosa;
7) Gabaasa raawwii hojiifi baajata Mootummaa Naannichaaf ni dhiyeessa;
8) Hojii isaa bu'aa qabeessa taasisuuf aangoo fi hojii isaa irra qoodee itti gaafatamtoota yookiin hojjettoota isa jala jiraniif bakka bu'iinsaan kennuu ni danda'a;

**10. Aangoo fi Hojii Itti Aanaa Hojii Gaggeessaa Ol'aanaa**

1) Yeroo Hoji Gaggeessaa Ol'aanaan hin jirre bakka bu'ee ni hojjata.
2) Hojii, Hojii Gaggeessaa Ol'aanaan kennuuf ni hojjata.

## KUTAA SADII

### Tumaalee Adda Addaa

**11. Madda Galii**

Maddi galii Abbaa Taayitichaa baajata Mootummaan ramaduu, deeggarsaafi kaffaltii tajaajila adda addaarraa argatu irraa ta'a.

**12. Galmeewwan Herregaa**

Abbaan Taayitichaa galmeewwan herregaafi harshammeewwan faayinaansii sirriifi guutuu ta'e ni qabaata.

**13. Odiitii Herregaa**

Galmeewwaniifi qabeenyi Abbaa Taayitichaa Mana Hojii Odiitara Muummicha Oromiyaatiin yookiin odiitara inni bakka buusuun odiitii ni ta'a.

**14. Aangoo Dambii Baasuu**

Manni Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Labsii kana raawwachiisuuf Dambii baasuu ni danda'a.

፪) የባለስልጣኑ ሥራ ያቅዳል፣ ያስተባብራል፣ ይመራል፣ያስተዳድራል፣ይቆጣጠራል፡፡
፫) በክልሉ የመንግሥት ሰራተኞች አስተዳደር ህግ መሰረት ሠራተኛ ይቀጥራል፣ ያስተዳድራል፣ ከስራ ያሰናብታል፡፡
፬) ከሶስተኛ ወገን ጋር በሚደረግ ማንኛውም ግንኙነት ባለስልጣኑን ይወክላል፡፡
፭) የስራ እና የበጀት እቅድ በማዘጋጀት ለመንግስት ያቀርባል፣ ሲፈቀድ ስራ ላይ ያውላል፡፡
፮) የባለስልጣኑን በጀት ያስተዳድራል፣የባንክ ሒሳብ ይከፍታል፣ ያንቀሳቅሳል፡፡
፯) የስራ እና የበጀት ሪፖርት ለክልሉ መንግሥት ያቀርባል፡፡
፰) ስራውን ውጤታማ ለማድረግ ከተሰጠው ስልጣንና ተግባር በስሩ ለሚገኙ ኃላፊዎች ወይም ሰራተኞች በውክልና ሊሠጥ ይችላል፡፡

**፲. የምክትል ስራ አስኪያጅ ስልጣንና ተግባራት**

፩) ዋና ስራ አስኪያጅ በማይኖርበት ጊዜ ተክቶ ይሰራል፡፡
፪) ዋና ስራ አስኪያጁ የሚሰጠውን ሥራ ይሰራል፡፡

## ክፍል ሶስት

### የተለያዩ ድንጋጌዎች

**፲፩. የገቢ ምንጭ**

የባለስልጣኑ የገቢ ምንጭ ከመንግሥት ከሚመደብ በጀት፣ ከተለያየ ድጋፍና አገልግሎት ክፍያ የሚገኝ ይሆናል፡፡

**፲፪. የሂሳብ መዛግብት**

ባለስልጣኑ ትክክለኛና የተሟላ የሂሳብ መዝገቦችና የገንዘብ ሰነዶች ይኖረዋል፡፡

**፲፫. የሂሳብ ምርመራ**

የባለስልጣኑን የሂሳብ መዝገብና ንብረት በኦሮሚያ ዋና ኦዲተር ወይም እሱ በሚወክለው ኦዲተር ኦዲት ይደረጋል፡፡

**፲፬. ደንብ የማውጣት ስልጣን**

የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት መስተዳድር ም/ቤት ይህንን አዋጅ ለማስፈፀም ደንብ ማውጣት ይችላል፡፡

2) Plan, organize, coordinate, direct, administer and control the activities of the Authority;
3) Employ, administer and fire employees in accordance with the civil service law of the region;
4) Represent the Authority in all its dealings with third parties;
5) Prepare and submit plan and annual budget to the government and implement the same upon approval;
6) Administer the budget, open and operate bank accounts of the Authority
7) Prepare and submit financial and performance report of the Authority to the regional government;
8) Where found necessary for the effective performance of his activities, may delegate part of his powers and duties to the officials that are accountable to him.

**10. Power and Duties of the Deputy General Manager**

1) Where in the absence of the General Manager acts on behalf of him;
2) Execute works given by the General Manager.

## PART THREE

### Miscellaneous Provisions

**11. Source of Income**

The source of income for the Authority is the allocated budget by the government, financial assistance and fees paid for different services.

**12. Books of Account**

The Authority shall keep complete book of account and financial documents.

**13. Audit**

The books of account and property of the Authority shall be audited by the Auditor General of Oromia or by an auditor represented by it.

**14. Powers to Iissue Regulation**

The Administrative Council of the National Regional State of Oromia may issue a Regulation to execute this Proclamation.

**15. Tumaalee Ce'umsaa**

1) Mirgaafi dirqamni Biiroon Qonnaa fi Biiroon Bishaan, Albuudaafi Inarjii Oromiyaa Labsiin kun bahuun dura hojii misooma jallisii waliin wal qabate Labsii kanaan gara Abbaa Taayitaatti darbee jira.
2) Hojiin misooma jallisii Biiroo Qonnaafi Biiroo Bishaan, Albudaafi Inarjii Oromiyaatiin hojjataman yookiin jalqabamanii adeemsa irra jiran, gara Abbaa Taayitaatti Labsii kanaan darbanii jiru.
3) Hojiiwwan Bulchiinsa Iskiimota Jallisii Intarpiraayizii Ijaarsa Hojiiwwan Bishaan Oromiyaa jala jiran, qabeenya, ragaaleefi meeshaleen Bulchiinsa Iskiimota Jallisiitiif tajaajilan waliin Labsii kanaan gara Abbaa Taayitaatti darbanii jiru.
4) Qabeenya, ragaaleefi meeshaleen hojii misoomaa jallisitiif oolan Biiroo Qonnaafi Biiroo Bishaan, Albuudaafi Inarjii jala jiran gara Abbaa Taayitaatti Labsii kanaan darbanii jiru.

**16. Seerota Raawwatiinsa Hin qabaanne**

1) Labsii Qaamota Raawwachiiftuu Lak. 163/2003 Keewwata 17 jalatti kan tumaman Keewwattoonni Xixiqqaan 13, 20, 21, 22 fi 23 Labsii kanaan haqamaanii jiru.
2) Labsii Qaamootaa Raawwachiiftuu Lak. 163/2003 Keewwata 24 jalatti kan tumaman Keewwattoonni Xixiqqaan 2, 3 fi 4 Labsii kanaan haqamanii jiru.
3) Dambii Intarpiraayizii Ijaarsaa Hojiiwwan Bishaan Oromiyaa Lak. 14/1991 Fooyyessuuf Bahe, Dambii Lak. 58/1998 Keewwata 2 jalatti kan tumame Keewwata Xiqqaa 2(b)n Labsii kanaan haqameera.
4) Seeronniifi barmaatileen hojii Labsii kanaan walfaallessu kamiyyuu dhimmoota Labsii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**17. Guyyaa Labsiin Kun Hojii Irraa Itti Oolu**

Labsiin kun Adoolessa guyyaa 6 Bara 2005 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Alamaayyoo Atoomsaa**
**Pireezidaantii**
**Mootummaa Naannoo Oromiyaa**
**Finfinnee, Adoolessa 6 Bara 2005**

**፲፭. የመሸጋገሪያ ድንጋጌዎች**

፩) ይህ አዋጅ ከመውጣቱ በፊት በኦሮሚያ ግብርና ቢሮ እና በኦሮሚያ ውሃ፣ ማዕድንና ኢነርጂ ቢሮ ውስጥ ከመስኖ ልማት ጋር ተያያዥነት ያለው መብትና ግዴታ በዚህ አዋጅ ለባለስልጣኑ ተላልፏል።
፪) በኦሮሚያ ግብርና ቢሮ እና በኦሮሚያ ውሃ፣ ማዕድንና ኢነርጂ ቢሮ የተሰሩ ወይም ተጀምረው በሂደት ላይ ያሉ የመስኖ ልማት ስራዎች በዚህ አዋጅ ወደ ባለስልጣኑ ተሸጋግረዋል።
፫) በኦሮሚያ የውሃ ስራዎች ኮንስትራክሽን ድርጅት ስር የነበሩ የመስኖ አውታር አስተዳደር ስራዎች፣ ንብረቶች፣ መረጃዎች እና ለመስኖ አውታር አስተዳደር ከሚያገለግሉ መሳሪያዎች ጋር በዚህ አዋጅ ወደ ባለስልጣኑ ተሸጋግረዋል።
፬) በኦሮሚያ ግብርና ቢሮ እና በኦሮሚያ ውሃ ማዕድንና ኢነርጂ ቢሮ ለመስኖ ልማት አገልግሎት የሚውሉ ንብረቶች፣ መረጃዎች እና መሳሪያዎች በዚህ አዋጅ ወደ ባለስልጣኑ ተሸጋግረዋል።

**፲፮. ተፈፃሚነት የሌላቸው ሕጎች**

፩) የአስፈፃሚ አካላት አዋጅ ቁጥር ፩፻፷፫/፪ሺ፫ አንቀጽ ፲፯ ሥር የተደነገጉት ንዑስ አንቀጽ ፲፫፣ ፳፣ ፳፩፣ ፳፪ እና ፳፫ በዚህ አዋጅ ተሽረዋል።
፪) የአስፈፃሚ አካላት አዋጅ ቁጥር ፩፻፷፫/፪ሺ፫ አንቀጽ ፳፬ ሥር የተደነገጉ ንዑስ አንቀጾች ፪ ፣ ፫ እና ፬ በዚህ አዋጅ ተሽረዋል።
፫) የኦሮሚያ ውሃ ስራዎች ኮንስትራክሽን ኢንተርፕራይዝ ደንብ ቁጥር ፲፬/፲፱፻፺፩ን ለማሻሻል የወጣ ደንብ ቁጥር ፶፰/፲፱፻፺፰ አንቀጽ ፪ ስር የተደነገገው ንዑስ አንቀጽ ፪(ለ) በዚህ አዋጅ ተሽሯል።
፬) ማንኛውም ከዚህ አዋጅ ጋር የሚቃረኑ ህጎችና ልማዳዊ አሰራሮች በዚህ አዋጅ በተሸፈኑ ጉዳዮች ላይ ተፈፃሚነት አይኖራቸውም።

**፲፯. ይህ አዋጅ ስራ ላይ የሚውልበት ጊዜ**

ይህ አዋጅ ሐምሌ ፮ ቀን ፪ሺ፭ ዓ.ም ጀምሮ በስራ ላይ የሚውል ይሆናል።

**አለማየሁ አቶምሳ**
**የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት**
**ፊንፊኔ፣ ሐምሌ ፮ ቀን ፪ሺ፭ ዓ.ም**

**15. Provision of Transition**

1) Rights and obligation related to irrigation development which was given to Oromia Water, Mine and Energy and Oromia Agriculture Bureau is transferred to the Authority by this Proclamation;
2) Works related to irrigation development which were constructed and those that are under construction by Oromia Water, Mine and Energy and Oromia Agriculture Bureau are transferred to the Authority by this Proclamation.
3) Works related to irrigation scheme administration activities which were undertaken by Oromia Water Works Construction Enterprise, assets, data and materials for this work are transferred to the Authority by this Proclamation.
4) Assets, data and materials which were used for irrigation development activities at Oromia Agricultural Bureau and Oromia Water Mine and Energy are transferred to the Authority by this Proclamation.

**16. Repealed Laws**

1) Article 17 Sub-Article 13, 20, 21, 22 and 23 of Proclamation No. 163/2011, Executive Organs Proclamation are repealed by this Proclamation;
2) Article 24 Sub-Article 2, 3 and 4 of Proclamation No. 163/2011, Executive Organs are repealed by this Proclamation.
3) Article 2 Sub-Article 2(b) of Regulation No. 58/2005 issued to amend Regulation No. 14/1999, Regulation to Provide the Amendment of Oromia Water Works Construction Enterprise Establishment is repealed by this Proclamation.
4) Any law and practice inconsistent with matters provided for under this Proclamation shall be inapplicable.

**17. Effective Date**

This Proclamation shall come into force as of the 13th of July 2013.

**Alemayehu Atomsa**
**President of the National Regional State of Oromia**
**Finfinne, the 13th of July 2013**

© 2006
Waajjira Afyaa'iifi Caffee Oromiyaatiin Kan Maxxanfame/በአፈጉባኤና ጨፌ ኦሮሚያ ጽ/ቤት ታተመ
Published by the Office of the Speaker & the "Caffee" of the NRSO
Sadaasa 6 Bara 2006/ ህዳር ፮ ቀን ፪ሺ፮ ዓ.ም/15th of November 2013